DEPARTMENT OF HEALTH

# Madda Liidii Baratamoo

Liidiin hamma ammaattillee qaama addunyaa keenyaati. Qilleensa,biyyee, dhukkee, akkasumas halluu manneeniifi gamoowwan tokko tokko kanneen bara 1978 dura ijaaraman keessatti argama. Liidiidhaaf saaxilamuun rakkoo fayyaa hammaataa uumuu danda'a. Oduu gammachiisaan summeessuu liidii ittisuun ni dandaa'ama. Waraqaan haqaa kun madda liidii mana keessa jiraniifi akkamitti dhorkuun akka dandaa'amu ibsa.

## Halluu Liidii Bu'uureffateefi Dhukkee Liidii

Dhukkeen liidii yeroo ammaa madda ijoo liidii kan daa'imman itti saaxilamanidha. Dhukkeen mana keessaa halluu Dhukkeen mana keessaa liidii kan halluu boroqqoqamaa, barsii(kan soofame), kan tarsa'e ykn halluu luqqa'efi biyyee faalame keessatti argama. Dhukkeen liidii yeroo mana akkasaa jijjiiran, pirojektii irra deebiin hojjetan, akkasumas yeroo halluun liidii bu'uureffatu haala fayya-qabeessa ta'een haqamuu hafullee uumamuu danda'a. Liidiin halluu haaraa dibame keessa ammaan booda hin jiru, garuu ammallee manneen moofaa kanneen bara 1978 dura ijaaraman keessatti ni argama. Dhukkee bicuun liidii qabu daa'imman sadarkaa liidii dhiiga daa'immanii keessa jiru guddisuu danda'a.

### Liidii Mana Keessan keessaa Hirrisuuf kan Gorsa Isin Fayyadan

- Guyyuu qulleessuudhaan manni keessan dhukkee irraa bilisa akka ta'u taasisaa. Manni keessan qulqulluu fakkaatee garuu ammallee liidii qabaachuu mala.
    - **Qulqulleessituu kan meeshaa mana keessaa qulqulleessuuf hojjetaman akkasumas mala Ho'aatti Dhiquu fayyadamuudhaan** foddaa, baaxiifi lafa irra deemtan qulqulleessaa. Daakuu saamunaa sana akka baattuu isaarra jirutti waliin makaa. Meeshaa ittii miiccitan garaagaraa lama, huccuu ittiin miiccitan ykn huccuu waraqataa gargaaramaa – tokko kan sadarkaa miiccaa bakka itti qulqulleessituu fayyadamtan, tokko ammoo kan sadarkaa bishaan qulqulluutiin qulqulleessitan.
    - Foddaa keessan yero yeroodhaan jiidhaadhaan miiccaa. Halluufi dhukkee naannoo foddaa keessaafi jala jiran gadi dhiisisaa.
    - Yeroo halluu ykn dhukkee liidii qulqulleessitan meeshaa mana keessaa banaa hin dhiisinaa. Calaltuun irra jiru akka liidii xixiqqoo qabee ofirratti hamisutti hin hojjetamne. Regular household vacuums will spread lead dust into the air. Look for special vacuums that have HEPA certified filters to clean up paint chips and lead dust.
- Nyaata dura, yeroo boqonnaa isaaniifi hirriba isaanii dura daa'imman keessaniif harka isaanii bishaaniifii saamunaadhaan dhiqaa.
- Qaruuraa , qubeelaa ilkaanii, akkasumas meeshaalee taphaa saamunaafi bishaaniin miiccaa.
- Foddaan madda baramaa dhukkee liidii qabuuti, kunis yeroo banamuufi cufamu walrigiinsi uumamee halluu liidii hagaan xiqqaa ta'e qabu waan harcaasuufi. Manneen moofaa keessatti daa'imman naannoo foddaatti akka nyaatan hin heyyaminaa.
- Guyyaa qilleensi jiru akka biyyeen liidii qabu ol hinseenneef foddaa keessan cufadhaa.
- Bakka halluun liidii bu'uureffate irraa luqqa'era deebisanii dibuun fayya-qabeessa isa hin taasisu! Jalqaba karaa **fayyummaansaa mirkanaa'een** isa bakka halluun liidii bu'uureffate luluqqa'e sana irraa kaasuu. Karaa fayyummaansaa mirkanaa'ehalluu bakka luluqqa'erraa kaasan baruudhaaf akkasumas yeroo manakeessan haareffattan balaa liidii hirrisuudhaaf kana dubbisaa Steps to LEAD SAFE Renovation, Repair and Painting (https://www.epa.gov/sites/default/files/2013-11/documents/steps_0.pdf).

- Kan kireeffattan yoo ta'e, akka halluun sun haala gaariidhaan tursiifamu kan gaafatan seerotni naannoo jiraachuu danda'u. Waa'ee seera naannoo keessanii argachuudhaaf mana qopheessaa naannoo keessanii argadhaa.

# Biyyee

Biyyeen liidiidhaan faalamaadha, caalaadhumatti naannoo manneen, gamoofi dallaa moofaatti. Sababa itti fayyadama boba'aa liidii bu'uureffate kan duraanii irraan kan ka'e, liidiin biyyee karaa guddaa ykn karaa walqaxxaamuran irratti argamuu danda'a.

- Mucaan keessan ala biyyee qullaa irratti akka nyaatu, xurii akka nyaatu ykn mana ykn daandii biyyee qullaa jiru cinatti akka taphatu hin hayyaminaa
- Biyyee qullaa jiran (biyyee argitan kamillee) margaan, baala ykn marga tortoreen, saaxoodhaan ykn uwwisa lafaa turuu danda'uun uwwisaa.
- Seensa mana keessanii maratti haqata miillaa miiccamuu danda'u kaa'aa. Haqata miillaa kana meeshaalee biroo irraa addan baasaa miiccaa. Isa itti miiccitan deebiftanii waan biraaf utuu itti hin fayyadamin qulqulleessaa.
- Akka biyyeefi dhukkeen mana keessatti ol hin seenneef kophee keessan balbala duratti ofittii baasaa.

# Nyaataafi Mi'eessituu

Mi'eessituufi nyaatni tokko tokko carraa liidii qabaachuu guddaa qabu. Nyaat Yuniiytid Isteeti keessatti gurguramu keessatti liidii dabaluun seera miti, garuu liidiin nyaataafi mi'eessituu tokko tokko keessatti ni mullata. Mi'eessituu bakka baayyinaan gurguramuu bituurra suuqii nama dhuunfaarraa bitaa. Bakka mi'eessituuwwn biyya biraarraa bitaman fayyadamtan kan Yuniiytid Isteetii bitaman fayyadamaa. Nyaatniifi mi'eessituun nyaata warra biraa irra baayyinaan liidii qabaachuun isaanii argame kanneen armaan gadii haammatu:

- Karameellaa biyya alaatii galu
- koroorimaa
- Turmeric
- Daakuu barbaree
- Daakuu Curry
- Barari'oota goggogaa
- Mi'eessituu Torba
- Cloves
- Firii Anise
- Whole chili

Biqilootni yoo liidiin hagaan baayyee ta'e biyyoo keessa jiraate malee amala liidii ofitti harkisuu hin qaban.

- Dhukkee liidii nyaatarra buufate irraa qulqulleessuf kuduraafi muduraa utuu hin nyaatin dura miiccaa.
- Kuduraa magariisa baala qaban irraa baala isa alatti aanu ittii baasaa.
- Nyaata meeshaa ofilaallee (glass), kan hin sibiilofne, ykn laastikii jabaataa, ykn seeraamikii liidii hin qabne keessa kaa'aa. Seeraamikooti durii, kan harkaan hojjetaman, akkasumas biyya biraatii kan galan tokko tokko waan miidheksuuf dibamu keessaa liidii qabaachuu malu.
- Oobdii keessa, bakka konkolaataan dhaabbatu, dallaa ykn caasaalee biroo kan halluu dibaman biqiltuu dhaabaa.

# Bishaan

Karaa sirna tuubboo keessaan darbuun liidiin bishaan dhugaatii seenuu danda'a. liidiin bishaan keessan keessa jiru carraan olaanaa ta'uusaatii kan inni guddaa ta'u manni keessan ykn sirni bishaan keessanii tuubboo liidii ykn tuubboo koopperii kan liidiidhaan walitti qabsiifame qabaatedha. Sararri bishaanii bara 1930 dura hojjetame liidii qaba. Sararri bishaanii bara 1986 dura hojjetame sirna dhiheessa bishaanii keessatti bakka koopperiin walargutti walqabsiiftuu liidii bu'uureffate qabaachuu mala. 'Brass faucets' fi 'ball valves' liidii qabaachuu malu.

Karaan tokkichi isin bishaan (ykn maddooti liidii biroon) liidii qabaachuusaa ittiin bartan karaa laaboraatoorii beekamtii qabuu qorachiisuudhaani. Baattuu saamudha argachuufi akkaataa saamuda sana itti galii taasiftan qajeelfama argachuuf kunneen quunnamaa [Minnesota Department of Health accredited laboratory (https://eldo.web.health.state.mn.us/public/accreditedlabs/labsearch.seam)](https://eldo.web.health.state.mn.us/public/accreditedlabs/labsearch.seam)

*Yoo bishaan keessan liidii qaba jettanii yaaddu ta'e:*

- Ittiin hin bilcheessinaa, hin dhuginaa ykn bantuu tuubboo bishaan ho'aa irratti foormulaa daa'immanii taasisaa. Bishaan ho'aan bishaan diilalla caalmaa liidii humna dhowwata. Bishaan ho'aa yoo barbaaddan bishaan tuubboo keessaa ykn diilalleessituu(refrigerator) keessaa danfisaa.
- Bilcheessuufi dhugaatiidhaaf Yeroo hunda bishaan qorraa fayyadamaa. Bishaan sun sa'a ja'aafi isaa oliif hojiirra hin oolle ta'e, daqiiqaa lamaaf ykn haga sadarkaan ho'aa isaa jijjiiramutti eegaa

# Qorichootaafi Waantota Miidhaginaaf Dibataman kan Duraaniifi Kan Aadaa

qorichootaafi waantota miidhaginaaf dibataman kan duraaniifi kan aadaa liidii waan qabaniif itti dhimma ba'amuu hin qaban.  Yeroo baayyee meeshaalee Yuuniiti'ed Isteetsi alaa bitaman keessatti argamu. Maaloo yoo dibata miidhaginaa makaa kannee armaan gadii qabu fayyadama jirtu ta'e doktoora keessan waliin dubbadhaa:

- Alarcon
- Alkohl
- Azarcon
- Bali Gali
- Bint al Zahab
- Cora
- Greta
- Farouk
- Ghasard
- Kandu
- Kohl
- Liga
- Lozeena
- Pay-loo-lah
- Surma
- Bentonite clay
- Sindoor
- Kumkum
- Tiro
- Rasa Shastra
- Calabash
- Thanaka
- Pooja powder
- Rangoli Vibuti

# Madda Liidii Kanneen Biroo

## Saaxilama Liidii Kan Biyya Biraatti Ta'e

Namootni biyya biraadhaa yeroo dhihootti dhufan ykn biyya biraa keessatti yeroo kan dabarsan to'annoo naannoofi madda saaxilaa biyya sana keessa jiru irratti hundaa'uun saaxilamummaa liidiitiif yaaddoo guddaa qabu. Biyyoti tokko tokko liidii nyaataafi oomishaalee keessa jiraniif to'annaa cimaa qabu. Halluun liidii ammallee biyyoota tokko tokko keessatti ni heyyamama; haga bara 2021tti illee boba'aan (beenzilli) liidii qaban konkolaataadhaaf ni heyyamamu.

## Xaaxilama Liidii Bakka Hojiifi Bakka Dalagaa Garaagaraa

Ga'eessotni karaa hojiilee murtaa'anii ykn dalagaalee kan liidii fayyadamanii kanneen akka ijaarsaa ykn kan liidii baqsanii, raadiyeeterii ykn bakka suphiinsa konkolaataa; baatirii irra deebiin hojiirra oolan; haaromsa meeshaalee durii; bakka dhukaasi jiru jiraachuu; akkasumas rasaasa hojjechuu ykn gabatee qurxummii itti qabanii liidiidhaaf saaxilamuu danda'u. Dhukkeen liidii konkolaataa isaaniitiin, uffata, kophee, gogaafi rifeensa isaaniitiin baatamee manatti galuun daa'immaniifi miseensa maatii birootti darbuu danda'a. kunis akkas jedhama, Liidii manatti fudhachuu (https://www.health.state.mn.us/communities/environment/lead/fs/takehome.html). Ga'eessotni hojiifi dalagaan isaanii liidii fayyadamuu ta'e utuu manatti hin galin dura qaama isaanii dhiqatanii uffata jijjiirrachuu qabu. Uffatni bakka hojiitti uffatamu kuun irraa addaan ba'ee miiccamuu qaba. Kan itti miiccitan sana utuu irra deebitanii itti hin fayyadamin miiccaa.

## Amala 'Pica'

'Pica' jechuun ga'eessi ykn daa'imni tokko kan akka biyyoo, suphee ykn meeshaalee manaaf oolan kanneen akka halluu, jiipsemii ykn beezboordii alanfatan ykn afaan keessa kaawwatan jechuudha. Amalli 'Pica' yoo adda ba'e, saaxilamummaa waantota liidii qabanii ittisuudhaaf to'atamuu qabu.

## Kudhaama addaa, Faaya, Furtuuwwan, Gabatee qurxummii ittiin qabaniifi meeshaa Taphaa

Meeshaaleen biroollee kan liidii qabu daa'imti kan afaan keessa kaawwatan jira Meeshaalee hedduun liidii qabachuun baratamoo ta'an sibiila, adii, keelloo ifaa, ykn diimaadha. Meeshaaleen kunneen kanneen armaan gadii haammatu

- Faayaafi Mi'a miidhaginaa uffataa
- Kudhaama addaa kan kaayyoo amantaaf uffataman, kan hamaa ittisan, eegumsa taasisan ykn carraa gaarii hawwatan. Maqaalee garaagaraa kanneen 'Tabeez' ykn 'Tabiz' qabaachuu danda'u akkasumas maatiidhaan akka faayaatti ilaalamuu dhiisuu malu.
- Fuuncaa furtuu ykn furtuu
- Gabatee qabduu qurxummii
- Boronqii
- Alarraa kan seenan, kanneen durii, bilookota ashaangulliitii halluu dibaman ykn ergifataman. meeshaa muuziqaaa fi meeshaalee taphaa
- Suphee ykn suphewwan halluu dibaman

Minnesota Department of Health
Lead Program
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4620
health.asbestos-lead@state.mn.us
www.health.state.mn.us

05/3/2022

*Oromo*

*Odeeffannoo kana unka gara biraatiin argachuuf , kanarratti bilbilaa: 651-201-5000. Waraqaa irra deebiin tajaajilu irratti maxxanfamee jira.*